

IRREESSI MAALI?



Irreechi/ssi amantaalee aadaa Oromoo keessatti mul'dhatan keessa isa tokkoo fi adda-dureedha. Irreecha jechuun sirna kadhaa fi galata waaqaf godhamuudha. Kadhaa fi galanni godhamu kunis iddoo fi yeroon kan murtaa'eedha. Kunis amantii keessatti gochaadhan kan ifa ta'udha. Sirna irreechaa kan hoogganu jaarmayaa Qaalluutti. Gosa Irreechaa Irreechi iddoo adda addaatti yoo gaggeeffamellee inni

guguddaan bakka lamatti raawwatama, isaanis Irreecha Tullu fi kan Irreecha Malkaatti.

A. Irreecha Tulluu (Irreecha Arfaasaa) Irreechi Arfaasaa (Irreecha Tulluus ni jedhama) kun kan gaggeeffamu Tulluurratti yoo ta’u, yeroon isaas bonnii darbee roobni Afraasaa yeroo itti eegamuudha. Baatileen dursan turan roobni dhabamee hongoon namnii fi horiin kan itti miidhamaa tureedha. Kanaaf giddugala ji’a Bittooteessa maatiin marti gara lafa qabbana fi jiidha qabutti bahanii rooba arfaasa argachuuf waaqa kan itti kadhatanii. Tulluutti bahanii kadhachuun kun kan amantii waaqeeffannaa Kuushoota dur durin walqabateedha jedhama. Oromiyaa keessaa Tulluun Cuqqaalaa araddaa irreechaa isa guddichadha.

B. Irreecha Malkaa (Irreecha Birraa) Irreechi Birraa (Irreecha Malkaas ni jedhama) kan raawwatu yeroo ganni xumuramee, baatii birraa ykn giddugala ji’a Fulbaana (22-25) keessatti. Guyyaan Irreechaa “Ayyaana Birraa ykn Xaddacha Saaquu” jedhamuunis ni beekama. Iddoon irreecha birraa kunis, malkaa fi hora guguddoo irratti. Tibba darbe namoonni guutama galaanaatiin addaan citanii turan walarguuf jecha, Yeroo Ganni akka dukkanaatti ilaalamu xumuramee uumamaaf biiftuun baatu waan taheef guyyaa kana akka guyyaa gammachuutti fudhatu. Ganni dukkanaa’aan darbee, Galaanni lagaa guutee firaaf maatii walitti dhufuu dhoorgu yeroo itti darbu waan ta’eef.

Kanaaf, Yeroo Irreechaa kana Ummanni Oromoo malkaa gamaa fi gamanaa walitti bahanii “Mareehoo!... Mareehoo..!” jechaa Waaqa kadhachaa, faarfachaa, galateefachaa gara Malkaa deemu. Eebba Abbaa Malkaa fi hangafootaan godhamu booda marga jiidhaa fi abaaboo birraa qabatanii bishaaniin tuqani waaqatti facaasaa waaqa(uumaa) galateeffachaa irreeffatuu. Araraa fi wabii gaafatuu. Haaluma kanaan Kadhannaan Guutuun yeroo gara Malkaa deeman jedhamu Oo.....yaa marehoo.....mareehoo(2x) Mareehoo..... Mareehoo(2x) Ya waaqa uumaa hundaa mareehoo... Oo.....yaa marehoo... Mareehoo.....Mareehoo(2x) Ya waaqa lafa uumtee ... mareehoo Oo.....yaa marehoo... Mareehoo.....Mareehoo(2x) Ya waaqa Malkaa uumtee...mareehoo Oo.....yaa marehoo... Mareehoo..... Mareehoo(2x) Ya waaqa Oodaa Nabee ...marehoo Oo.....yaa marehoo... Mareehoo.....Mareehoo(2x) Ya waaqa Odaa Roobaa...Marehoo Oo.....yaa marehoo... Mareehoo.....Mareehoo(2x) Ya Waaqa Ooda Bultum ...Mareehoo Oo.....yaa marehoo... Mareehoo..... Mareehoo(2x) Ya Waaqa Ooda Bisil... Mareehoo Oo.....yaa marehoo... Mareehoo.....Mareehoo(2x) Ya Waaqa Ooda Bulluq... Mareehoo Oo.....yaa marehoo... Mareehoo.....Mareehoo(2x) Ya waaqa Uumaa uumtee... Marehoo Oo.....yaa marehoo... Mareehoo..... Mareehoo(2x) Ya Waaqa Dachee Uumtee... Marehoo Oo.....yaa marehoo... Mareehoo.....Mareehoo(2x) Ya Waaqa nama Uumtee ... Mareehoo

Oo.....yaa marehoo... Mareehoo.....Mareehoo(2x) Ya Waaqa Bishaan Uumtee... Mareehoo Oo.....yaa marehoo... Mareehoo.....
 Mareehoo(2x) Ya waaqa midhaan uumtee...Marehoo Oo.....yaa marehoo...
 Mareehoo.....Mareehoo(2x) Ya Waaqa tulluu Uumtee... Mareehoo
 Oo.....yaa marehoo... Mareehoo.....Mareehoo(2x) Marga Qabannee
 si kadhannaa...Mareehoo Oo.....yaa marehoo... Mareehoo.....
 Mareehoo(2x) Malkaa Buunee si kadhannaa....Mareehoo Oo.....yaa marehoo...
 Mareehoo.....Mareehoo(2x) Jiidha Qabannee si kadhannaa
 Oo.....yaa marehoo... Mareehoo.....Mareehoo(2x) Irreechi Irree
 keenyaa Oo.....yaa marehoo... Mareehoo.....Mareehoo(2x) Jedhee
 maqaa Waaqasaa uume waamee, Umaa hunda uume faarsee kadhataa.

Kaayyoon kadhaa kanaatis Waaqayyoo(Uumaan) akka rooba, nagaa fi dhala ykn sanyii isaanii baayyisuu fi firii argataniidha. Yeroo baayyee Oromoonni bakka qubatanii gara horaatti loon isaanii wajjin itti godaanu. Kunis akka jalqabaa fi seena hojii bara haaratti fudhatamaa.

Yeroo ammaa oromoonnii Hora Arsadii, Bishooftutti argamu gi Hofa Finfinnee iddoo Oromoonni Tuulamaa jaarraa dheeraa dura itti irreeffachaa turan wiituu oromootti Oromoon miliyoona hedduun lakkaawamu achitti walgahee irreeffachaa jira.Arsadii maqaa namaa yoo ta’u gosa Liiban keessaa Abbaa Malkaa nama tureedha. Arsadii Abbaa Malkaa ta’uu kan danda’e balaa lubbuu isaa irra ga’e jalaa of baraarsuu erga danda’ee booda, guyyoota saddeetif,soomana cimaa godhee, muka birbirsaa jalatti lubbuun kan mul’dhate waan ta’eefiidha jedhama. Birbirsi kan inni itti dhibaafatamuufis yaadannoo fi raajeeffannaa kanaaf akka ta’ee ni himamaa. Kana booda Horii Harsadii akka Malkaa irreessaatti ulfaa ta’ee Oromoota biratti akka kabajamu murtaa’e. Yeroo booda Oromoonni marti Hora Arsadii akka wiirtuu Irreeffannaa godhanii itti hirreeffachaa turan. Yeroo ammaa kana waggaa keessatti ala tokko Hora Arsadii irratti ni irreefatu.Horri FINFINNEES yeroo ammaan tana akka hora wiirtuutti tajaajila.

Ayyaanni Irreecha kun Oromoon falaasamaa fi ilaalcha addunyaa keessatti jiruufi waaqa(uumaa) akkasumas raajii isaa, dhalootaa fi iccitii jireenyaan walitti fiduun kan ibsuudha. Sanyiin namaa horee kan baayyatu, kan faca’e ija godhatu, atoomsaa fi gargaarsa humna waaqaa(uumaa)tiin jedhee amana. Nuti Oromoon waaqa nu uume kadhanna. “Uummamaan uumaa kadhata” jechuun uummamaan waaqa(uumaa) isaa ni galateeffata, ni faarfata, yeroo ammaa kanas Hora Arsadii irratti kan raawwatamu sirnuma kana

GADAAN BULLA!!!

Hag, 6415 DH.O/2021 GC